Kolleejjii Barnota Barsiisotaa Asallaa

Muummee S/Uumamaatti birkii Baayoloojii

Anaatoomii fi Fiiziyolojii Namaa (Biol 324)

I. Gaaffilee armaan gadii keessaa deebii sirrii ta'e filadhu

1. Akka kallattii sirrii anaatomikaalawaattii qubnii abgudduu(thumb) harkaa eessattii argama?
   A. Gar-olii
   B. Gar-gidduu
   C. Laateraalii
   D. Gar-gadii
2. Sararri nafaa ija kutaa mirgaa fi bitaattii iddoo walqixattii qoodu kami?
   A. Mid-sajitaalii
   B. Koronaalii
   C. Parasajitaalii
   D. Tiraansiversii
3. Hima kamtu sirrii dha?
   A. Anaatoomiin dalagaa kutaalee nafaa irratti xiyyeeffata.
   B. Anaatoomiin caasaa keessa kutaalee nafaa irratti xiyyeeffata.
   C. Dalagaan kutaalee nafaa ijaarsa caasaalee waliin hariiroo hin qabu
   D. Anaatoomii fi fiiziyoloojiin hariiroo waliin hin qaban.
4. Lukti garaachaaf_____ yoo ta'u, mataan garaachaaf_____ta'a.

A. gar-gidduu; gar-gubbaa C. gar-gadii; gar-olii
B. Pirooksimaalii; gar-duraa D. gar-olii; gar-gadii

5. Gareen tishuuwwanii dalagaa murtaa'aa tokkoo dalagan:
A. sirna qaamaa C. tishuu
B. orgaanizimii D. qaama

6. Gosoota seelii gogaa fi dalagaa isaaniin kan wal-hin simne kami?
A) Keraatiinosaayitii ___ ijaarsa caasaa
B) Laangarhaansi ___ ittisa
C) Melaanoosaayitii ___ halluu
D) Merkeelii ____ boca

7. Baqqaana gogaa ippiidarmisii ilaalchisee kamtu sirrii miti?
A) Ujummoo dhiigaa hin qabani
B) Furdinni bakka adda addaatti wal-caala
C) Seelonni hundi du'aa fi battee dha
D) Gamis baqqaana adda addaatti qoodamuu danda'a

8. Xannachoota gogaa keessaa armaan gaditti eeraman keessaa tempireechara qaamaa
to'achuu keessatti qooda kan qabu kamii?
A) Xannacha dafqaa B) Xannacha sebaashiyasii
C) Xannacha seruminasii D) Xannacha aannanii

9. Kanneen armaan gadii keessaa halluun gogaa kan irratti hin hundoofne kami?
A) Hamma melaaniinii gogaa keessaa
B) Hamma dhiigaa ujummoo dhiigaa gara alaa keessaa
C) Cunqoo hemogilobiinii dhiiga keessaa
D) Fedhii nama dhuunfaa

10. Faayidaan folikilii refeensaa kami?
A) Halluu refeensaa jijjiiruu C) Gogaa qorrisiisuu
B) Cooma kuusuu D) Rifeesa oomishuu

11. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa gogaa kan hin taane kami?
A) Ittisa C) Qophii vaayitaamin B
B) To'annaa T° D) Miira'uuf

12. Baqqaanni seelota ippiidarmisii du'anii ittisaaf tajaajilan maal jedhamu?

A. Koorniyamii C. Ispaayinoosamii
B. Giraanuloosamii D. Baazaalee

13. Xannachoonni nafaa dhangala’oo dafqaa gubbaa gogaatti gadi lakkisuun tempirechara qaamaa to’atan isaan kami?
A. Sebaashiyasii C. Appookiriinii
B. Meerookiriinii D. Seebamii

14. Dalagaan meelaaninii maalii?
A. Gogaan akka jiidhu taasisa.
B. Gogaan akka cimu godha.
C. Ujummooleen dhiigaa akka dabalan taasisa.
D. Halluu gogaa oomishuu fi xiyoota ifaa harkkisu.

15. Kutaan qeensaa jabaataa fi adii ta’ee, guddina saffisaa seelota isaa gadii agarsiisu isa kami?
A. Qooxii qeensaa C. Fiixee bilisaa
B. Hundee qeensaa D. Lunulaa

16. Baqaanni gogaa gara alaattii argamu:
A. Haayippoodarmisii C. Ippiidarmisii
B. Baqaaana sabkutaaniyasii D. Darmisii

17. Pirootiiniin gogaarraa balaa ittisuufi gogaa gara alaatiin haguugee argamu:
A. melaaniinii C. maayoosinii
B. keeraatiinii D. aktiinii

18. Kanneen armaan gadii keessaa qaamoolee gargaartoota gogaa kan hin taane kami?
A. Rifeensa C. Riseeptaroota miiraa
B. Qeensa D. Xannachoota dafqaa

19. Ippiidarmisiin soorata adeemsa diffushiniitiin kaappilaroota kamiirraa argata?
A. IppiIdarmisii C. Tishuu sabkutaaniyasii
B. Hayippoodarmisii D. Darmisii

20. Hirmaammaan seelii baqaana eppidermisii isa kam keessattii adeemsifama?
A. Ispaayinoosamii C. Luusiidiyamii
B. Giraanuloosamii D. Kooriniyamii

21. Gogaa yabbuu ilaalchisee isa kamtu dhugaa dha?
A. Baqaaana luusidiyamii hin qabu C. Dugda irratti argama.
B. Qadaada ijaa huguuga D. Faana miilaarratti argama

22. Xannachoonni dafqaa appookiriinii:
A. barruu harkaa (palms) malee nafa irratti iddoo hundatuu ni argamu.
B. dhangala’oo baakteeriyootaan caccabuun foolii uumu oomishu.
C. ala gurraa irratti argamu.
D. seebamii oomishu.

23. Sirna lafee guutuu keesatti kan hin hammatamne kami?
A) Morgaa B) Ribuu C) Ilkaan D) lafee

24. Lafee ilaalchisee kamtu sirrii miti?
A) Seelota fo'aa fakkaatanii albuuda pootaasiyeem foosfeetii irraa ijaarame
B) Ujummoolee dhiigaa fi narvii qaba
C) Alli lafee membireenii periistiyeemii jedhamuun haguuycme
D) Kan ijoollee kan nama guddaa irra morgaa guddaa qaba

25. Adeemsi lafeen ittiin hojjetamu _____ jedhama
A) ostiyoobilaastii C) osiyoosii
B) osifikeeshiinii D) hemaatoopooyisisii

26. Kanneen armaan gadii keessaa lafee aksiyaalii keessatti kan hin ramadamne kami?
A) Lafee mataa C) Lafee ceekuu
B) Lafee cinaachaa D) Lafee qomaa

27. Lafee cinaachaa namaa ilaalchisee kamtu sirrii dha?
A) Lafeewwan cinaachaa cimdii 24 qaba
B) Lafeewwan cinaachaa hunduu duubaan lafee dugugguruutti qabatu
C) Lafeewwan cinaachaa 1^{ffaa}-10^{ffaa} hunduu fuulduraan lafee gomaatti qabatu.
D) Lafeewwan cinaachaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} fuulduraan lafee harmaatti qabatu

28. Adeemsa dagaaginaa keessatti wal-fudhannaa lafawwan manubiriyeemii, qaama (body) fi adeemsa zaayifooyidii (xiphoid process) kan ta'e kami?
A) Lafee qomaa B) Lafee cinaachaa
C) Lafee eegee D) Lafee mataa

29. Gosoota seelota armaan gadii keessaa ruqoolee orgaanikii maatirikisii lafee ijaaruuf
gahee kan qaban isaan kami?
A. Osteyookilaastota C. Osteyoopirojenetaroota
B. Ostiyooblaasitoota D. Osteyoosaayitoota

30. Coomni _____ keessatti kuufama.
A. Lafee jabaataa C. Dhuka diimaa lafee
B. Lafee ispoonjii D. Dhuka keelloo lafee

31. Lafee gateettii lafeewwan kam ofkeessatti hammata?
A. Humerasiifi raadiyasii C. Lafee ceekuufi qonyee
B. Ulnaafi tibiyaa D. Femuriifi radiyaasii

32. Shaaftiin lafee dheeraa maal jedhama?
A. Ippiifisisii C. Periyoostiyamii
B. Diyaafisisii D. Indoostiyamii

33. Himoota armaan gadii keessaa kan sirrii hin taane isa kami?
A. Lafeen bakka seelonni dhiigaa baay'een itti qophaa'anii dha.
B. Lafeen iddoo albuudonnii itti kuufamanii dha.
C. Lafeen goggogaafi caasaa lubbuu hin qabnee dha.

D. Lafeen qaamooleerraa balaa kan ittisuu fi utubuuf gargaaruudha.

34. Lafee isa kamtu harkaa fi miila irratti argama?
    A. Kaarpaalisii
    B. Faalaanjiisii
    C. Ulinaa
    D. Iskaapullaa

35. Dalagaa iskeletanii kan hin taanee kami?
    A. Sochii
    B. Utubbii
    C. Seelota dhiigaa oomishuu
    D. Calallii farra qaamaa(antibody)

36. Koondiroosaayitiin maali?
    A. Seelii dhukaati.
    B. Seelota lafee ijaaraniidha.
    C. Seelota morgaati.
    D. Seelota kansariiti.

37. Maashaaleen maal irraa ijaarraman?
    A. Silikaa
    B. Kirroota poolistarii
    C. Kaalsiyeemii fi foosfarasii
    D. Garee seelota faayibaroota jedhaman

38. Baayinni narvoota kiraaniyaalii namaa meeqa?
    A) Cimdii 31 B) Cimdii 13 C) Cimdii 10 D) Cimdii 12

39. Pootenshiyaaliin tasgabbii dhugaan kami?
    A) Membireeniin dipolaraayizid
    B) Lixinsi Na^+ ni dabala
    C) Keessi +ve fi alli -ve
    D) Keessi -ve fi alli +ve

40. Faayibaroonni narvii afferentii ergaa eessaa garamitti baatu ?
    A)SNW irraa gara dhimma baastotaa
    B)Seelii sirbiduu irraa gara SNW
    C)Seelii sirbiduu irraa gara dhimma baastotaa
    D) Dhimma baastotaa irraa gara seelii sirbiduu

41. Qoodamsi sirna narvii inni ol'aanaa kami ?
    A) Sirna narvii afferentii fi sirna narvii efferentii
    B) Sirna narvii awutonomasii fi sirna narvii somaatikii
    C) Sirna narvii paaraasimpaateetikii fi simpaateetikii
    D) Sirna narvii moggaa fi sirna narvii wiirtuu

42. Dhimma baastuu kamtu to'annaa sirna narvii awutoonomasii jala miti ?
    A) Xannacha B) Maashaa injichaa C) Maashaa onnee D) Maashaa saffaa

43. Ujummoon gidduu gurraa faarniksii (pharnyx) wal- qabsiisu kami?
    A) Ujummoo kochiliyaa
    B) Ujummoo vestibulaarii
    C) Ujummoo timpaanikii
    D) Ujummoo ustaachiyaanii

44. Faayidaan narvii olifaaktarii maali?
    A) Dhageettii B) Suufuu C) Dhandhama D) Ilaaluu

45. Fiixeen arrabaa kuskussee dhandhammii akkamii qaba?
    A) Mi'aawaa B) Hadhaawaa C) Dhangagaawaa D) Kuraawaa

46. Ija namaa keessatti seelonni argiitiif miirummaa qaban kan argaman eessarratti ?

A. Tuqaa jaaminaa C) Reetiinaa
B. Narvii agartuu D) Serebiremii

47. Qaama miiraa foolii ilaalchisee kamtu sirriidha?
A. Sirbidoonni foolii fuudhan baaxii funyaanii keessatti argamu
B. Sirbidoonni foolii gosa tokkotu jiru
C. Sirbiduun foolii keemikaalaaf miira'u
D. Hunduu sirrii dha.

48. Sooranni garaacha namaa keessatti bullaa'u kami ?
A) Kaarboohayidiretii B) Cooma C) Pirootiinii D) Viitaaminoota

49. Bullaa'ina istaarchiif inzaayimii kamtu ujummoo yaaliitti naqamuu qaba?
A) Invarteesii B) Amileesii C) Maalteesii D) Lippeesii

50. Gaheen HCl garaacha keessaa maal ?
A) Tiraayipsinoojiinii gara tiraayipsiinii jijjiiruu
B) Xuuxama soorataa dabaluu
C) Inzaayimoota xannacha garaachaan oomishaman balleessuu
D) Baakteeriyaa soorata keessaa ajjeesuu

51. PH 1.5 keessatti inzaayimii kamtu pirootiinii bulleessa?
A) Pepsiinii B) Tiraayipsiinii C) Lippeesii D) Interookaayineesii

52. Yuunitiin xixiqqaa bullaa'ina kaarboohayidiretii kami?
A) Gaalaaktoosii, maaltoosii, firuuktoosii
B) Maaltoosii, firuuktoosii, laaktoosii
C) Gilaayikoojinii, giluukoosii, gaalaaktoosii
D) Giluukoosii, firuuktoosii, gaalaaktoosii

53. Kanneen armaan gadii keessaa yeroo qilleensa ol fudhannu kan hin raawwanne kami?
A) Sombi bokokuu
B) Lafeen cinaachaa gara keessaatti gadi bu'a
C) Maashaan diyaafiraamii ni kottoonfata
D) Qabeen ona qomaa dabaluu

54. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirrii miti?
A) Namni ga'eessi yeroo boqonnaa qilleensa yeroo tokkotti 500ml ol fudhata
B) Qabeen qilleensaa namni tokko alatti baasu yeroo hunda walqixa
C) Dandeettiin sombaa hamma qabee taayidaalii fi qabee qilleensaa anniisaa dabalataan fudhatamee hammata
D) Waljijjiirraan qilleensaa adeemsa difushiniin raawwata

55. Kanneen armaan gadii keessaa oksijiinii hamma xiqqaa kan ofkeessa dabarsu kami?
A) Ventirikilii bitaa C) Puulimonarii dhiiga deebistuu
B) Oorikilii bitaa D) Puulimonarii dhiiga raabsituu

56. Golooota onnee gara mirgaafi bitaa caasaan adda baasu kami?
A) Septamii C) Huut-sadee
B) Tuqaa saayinoo'attriyaalii D) Huutuu gamis-baatii

57. Qabiyyee dhiigaa ilaalchisee kamtu sirrii dha?
A) Pilaazimaan qabiyyee dhiigaa keessaa 90% qabata
B) Xuraawaan adda addaa qaama keessaa seelota dhiigaan baatamanii gara qaamota usaansaa geejjibamu
C) Sooranni, albuudonnii fi hormoononni pilaazimaan baatamanii geejjibamu
D) Hunduu sirrii dha

58. Yeroo marsaa dhiigaa sirnaa dhiigni kam irraa garam deema?
A) Orikilii mirgaa irraa gara ventirikilii bitaa
B) Orikilii mirgaa irraa gara sombaa
C) Ventirikilii bitaa irraa gara awortaa
D) Ventirikilii mirgaa irraa gara awortaa

59. Kalee keessatti, ayoononni dhiibaman kaapsiyuulii bowumaan keessa seenuun _____ jedhama.
A) calaluu C) gadi lakkisuu
B) deebisanii xuuxuu D) fincaan dhabamsiisuu

60. Caasaalee bu'uuraa dalagaa kalee kan ta'e kami?
A. Giloomeruulaayii C) Koreeksii kalee
B. Kaapsulii Boowumaan D) Nefiroonota

61. Xannacha indookiraayinii keessatti kan hin ramadamne kami?
A) Xannacha piiniyaalii C) Xannacha taayirooyidii
B) Xannacha aannanii D) Xannacha pituutarii

62. Hormoonota xannacha taayirooyidii kan hin taane kami?
A) Pirolaaktiinii C) Tiraayi-ayodootaayiroonniinii
B) Taayirooksiinii D) Kaalsitooninii

63. Iddoo sanyiin kormaa(ispeermiin) itti kuufamuufi guddina itti xumuuru kami?
A) Ippiididimisii C) Vaas diferensii
B) Tiyuubilii seminiferesii D) Seelota interestishiyaalii

64. Qaama walhormaata dhalaa keessatti, fartilaayizeshiniin eessa keessatti gaggeeffama?
A) Gadameessa C) Ujummoo ovaarii
B) Buqushaa D) Ovaarii

II. Firoomsuu

A	B
_____1. Dheerinni furdina caala	A) lafee atilaasii

_____2. Lafee geengoo
_____3. Lafeewwan hunda irra xiqqaa
_____4. Lafee biraan kan wal-hin qabanne
_____5. Lafee morma keessatti argamu
_____6. Daa'ima keessatti 5, ga'eessa keessatti 1
_____7. Onnee fi sombarraa balaa ittisaa
_____8. Sammuurraa balaa ittisa
_____9.Maashaa lafeetti qabsiisa

B) lafee faanaa (staps)
C) ribuu
D) lafee hayooyidii
E) lafee jilbaa
G) vartabiree sakiraalii
H) lafee sakiramii
I) lafee qomaa
K) kiraaniyamii
M) lafee mo'oo
O) femuurii
P) ligaamentii

III. Gaaffilee armaan gadii tiif deebii gabaabaafi barreeffama qulqulluu ta'een deebisi.

1. Qaamolee bullaa'ina soorataa keessatti bullaa'inni makaanikaalawaa_____ fi _____ keessatti gaggeeffama.
2. Adeemsa seelii narvii keessatti, dhaamsa qaamaa seelii irraa gara biroo kan baatu _____ yoo jedhamu, gara qaama seelii kan geessu immoo _____ jedhama.
3. Namoonni gurguddaa tokko tokko aannan bulleessuu kan dadhaban dhabamuu inzaayimii _____ qaama bullaa'inaa_____ keessaati.
4. Gochaan amileesii hancufaa garaacha keessatti maaliif dhaabbata?

Deebii

I. Filannoo

1. C	**21. D**	**41. D**	**61. B**
2. A	**22. B**	**42. B**	**62. A**
3. B	**23. C**	**43. D**	**63. A**
4. C	**24. A**	**44. B**	**64. C**
5. D	**25. A**	**45. B**	
6. D	**26. C**	**46. C**	
7. C	**27. B**	**47. D**	
8. A	**28. A**	**48. C**	
9. D	**29. B**	**49. B**	
10. D	**30. D**	**50. D**	
11. C	**31. C**	**51. A**	
12. A	**32. B**	**52. D**	
13. B	**33. C**	**53. B**	
14. D	**34. B**	**54. B**	
15. D	**35. D**	**55. D**	
16. C	**36. C**	**56. A**	
17. B	**37. D**	**57. C**	
18. C	**38. D**	**58. C**	
19. D	**39. D**	**59.A**	
20. A	**40. B**	**60. D**	

II. Firoomsuu

1. O	**4. D**	**7. I**
2. E	**5. A**	**8. K**
3. B	**6. H**	**9. C**

III. Iddoo duuwwaa/barreessuu

1. afaan, garaacha
2. ulee niwuroonii, miigoo niwuroonii
3. reeniinii, garaacha
4. Sababa inzaayimiin amileesii hancufaa(tiyaaliiniin) pH asiidawaa keessatti dalaguu hin dandeenyeefi.